[**Employers**: This is a sample notice employers can use to inform workers about the Safe Workplaces for Meat and Poultry Processing Workers Act as well as the Packinghouse Workers Bill of Rights, as required under Minnesota Statutes § 179.877.]

# Akka hojjetaa paakii foonii ykn horsiisa handaaqqooti Mirga isin qabdan

Labsiin Mirgoota Hojjettoota Mana Paakkii (Minn. Stat. § 179.86) fi Seerri Bakkeewwan Hojii Nageenya Qaban Hojjetoota Foonii fi handaaqqoo qopheessanii (Minn. Stat. § 179.87 hanga 179.877) hojjettoota foon fi handaaqqoo horsiisaniif eegumsa bakka hojii armaan gadii taasisa:

- **Hojii irratti nageenyaafi fayyaalessa ta'uuf mirga qabdu.** Hojjechiisaan keessan sagantaa *ergonoomiksii* koree tokkoon uumame qabaachuu qaba. Hojjechiisaan keessan hojiiwwan haaraa akkamitti akka nagaadhaan raawwattan isin leenjisuu qaba; leenjiin kun afaanii fi jechoota hubachuu dandeessaniinis ta'uu qaba. Hojjechiisaan keessan waggaatti yoo xiqqaate sa'aatii saddeet leenjii nageenyaa mata dureewwan fayyaa fi nageenya hojjaa fi hojii keessanii wajjin walqabatan irratti isiniif kennuu qaba; leenjiin kunis afaanii fi jechoota isin hubachuu dandeessaniinis ta'uu qaba. Yoo xiqqaate sa'aatii lama leenjiin keessan ittisa miidhaa *ergonoomikii* fi hojimaata miidhaa gabaasuu uwwisuu qaba. Hojjechiisaan keessan yeroo boqonnaa gahaa mana fincaanii fayyadamuu, harka keessan dhiqachuu fi meeshaalee ittisaa *don* fi *doff* isiniif kennuu qaba.
- **Haala balaa ulfaataa qaqqabsiisu dandaú keessatti hojjechuu diduudhaaf mirga qabdu.** Haala balaa qaqqabsiisuu dandaú keessatti hojjechuuf hayyamamoo yoo ta'uu baattan, kaffaltii argachuun keessan itti fufa, loogii ykn haaloo ba'umsi isin iratti fudhatamuu hin qabu.
- **Yeroo balaa fayyaa muddamaa ta'etti eegumsa nageenyaa fooyya'aa argachuuf mirga qabdu.** Hojjechiisaan keessan yeroo nagaa yeroo balaa fayyaa hawaasaa kan qilleensa keessa daddarbu of keessaa qabutti tarkaanfiiwwan fayyaa, nageenyaafi qulqullinaa fooyya'an dhiheessuu qaba. Tarkaanfiiwwan kunneenis kan inni of keessatti haammatu kanneen akka fageenya qaamaa, dallaawwan, haguuggii fuulaafi golgaa baasii tokko malee kennuu, bakka hojii irraa bakteeriyaa qulqulleessuu fi kkf yoo taú, isaan kana qofaadhaan kan daangeffamu miti.
- **Waloon gurmaa'uu fi daldaluuf mirga qabdu.** Akkasumas, waloon gurmaa'uu fi daldaluu irraa of qusachuufis mirga qabdu. Odeeffannoo dabalataaf, Boordii Hariiroo Hojjetaa Biyyoolessaa karaa 612-348-1757 qunnamaa.
- **Hojii irratti loogii irraa bilisa ta'uuf mirga qabdu**. Sanyii, halluu, Dhuga baatii amantii, amantii, madda sabaa, saala, haala gaa'elaa, qaama miidhamummaa, haala gargaarsa uummataa, umurii, fedhii saalaa, eenyummaa saalaa, haala maatii fi sochii komiishinii mirga namoomaa naannoo irratti hundaa'uun loogii irraa bilisa ta'uuf mirga qabdu. Odeeffannoo dabalataaf, Kutaa Mirga Namoomaa Minnesota karaa 833-454-0148 qunnamaa.
- **Inshuraansii beenyaa hojjettootaa fayyadamuuf mirga qabda.** Yoo hojjechiisaan kee inshuraansii beenyaa hojjettootaa qabaachuun dirqama ta'e, inshuraansii sana balaa ykn miidhaan bakka hojii kee akka uwwisu gargaaruuf mirga qabda. Odeeffannoo dabalataaf Waajjira Ombudsman Beenyaa Hojjetootaa karaa 651-284-5013 ykn dli.ombudsman@state.mn.us qunnamaa.
- **Haaloo bahuu irraa bilisa ta'uuf mirga qabdu.** Hojjechiisaan keessan mirga keessan Seera Hojjetoota Foonii fi Horsiisa Handaaqqoo Qopheessuuf Bakka Hojii Nageenya Qaban jalatti fayyadamuu keessaniif haaloo ba'uu, ykn tarkaanfii hamaa isin irratti fudhachuu hin danda'u.

## Odeeffannoo dabalataaf

Gaaffii gaafachuuf ykn komii dhiyeessuuf Kutaa Istaandardii Hojii fi Industirii Minnesota 651-284-507 ykn dli.laborstandards@state.mn.us quunnamaa. Hojjettoonni fi namoonni biroos seera Hojjettoota Qopheessitoota kan Foonii fi Horsiisa handaaqqoo Hojii Nageenya qaban kan cabsan yoo ta'e waggaa sadii keessatti himannaa dhiyeessuu ni danda'u.

Barreeffamni kun waa’ee qacarrii keessanii odeeffannoo barbaachisaa ta’e of keessaa qaba. Odeeffannoo kana afaan kanaan argachuuf saanduqa gara bitaa jiru irratti mallattoo godhaa.

| | | |
|---|---|---|
| | Spanish/Español | Este documento contiene información importante sobre su empleo. Marque la casilla a la izquierda para recibir esta información en este idioma. |
| | Hmong/Hmoob | Daim ntawv no muaj cov xov tseem ceeb hais txog thaum koj ua hauj lwm. Khij lub npauv ntawm sab laug yog koj xav tau cov xov tseem ceeb no txhais ua lus Hmoob. |
| | Vietnamese/Việt ngữ | Tài liệu này chứa thông tin quan trọng về việc làm của quý vị. Đánh dấu vào ô bên trái để nhận thông tin này bằng Việt ngữ. |
| | Simp. Chinese/简体中文 | 本文件包含与您的雇用相关的重要信息。勾选左边的方框将接收以这种语言提供的信息。 |
| | Russian/русский | Данный документ содержит важную информацию о вашем трудоустройстве. Отметьте галочкой квадрат слева для получения этой информации на данном языке. |
| | Somali/Soomaali | Dukumentigan waxaa ku qoran macluumaad muhiim ah oo ku saabsan shaqadaada. Calaamadi sanduuqan haddii aad rabto inaad macluumaadkan ku hesho luqaddan. |
| | Laotian/ພາສາລາວ | ເອກະສານນີ້ມີຂໍ້ມູນທີ່ສໍາຄັນກ່ຽວກັບການຈ້າງງານຂອງທ່ານ. ກວດເບິ່ງກ່ອງທີ່ຢູ່ເບື້ອງຊ້າຍເພື່ອຮັບຂໍ້ມູນນີ້ໃນພາສານີ້. |
| | Korean/한국어 | 이 문서에는 귀하의 고용 형태에 관련된 중요한 정보가 담겨있습니다. 이 언어로 이 정보를 받기를 원하시면 왼쪽 상자에 체크하여 주세요. |
| | Tagalog/Tagalog | Ang dokumentong ito ay nagtataglay ng mahalagang impormasyon tungkol sa iyong pagtatrabaho. Lagyan ng tsek ang kahon sa kaliwa upang matanggap ang impormasyong ito sa wikang ito. |
| | Oromo/Oromoo | Waraqaan kun waayee hojii keetii odeeffannoo barbaachisoo ta’an qabatee jira. Saaxinnii karaa bitaatti argamu kana irratti mallattoo godhi yoo afaan Kanaan barreeffama argachuu barbaadde. |
| | Amharic/አማርኛ | ይህ ዶኩመንት አቀጣጠሮን በሚመለከት አስፈላጊ መረጃ የያዘ ነው። ይህንን ዶኩመንት በስተግራ በኩል ባለው ቋንቋ ተተርጉሞ እንዲሰጦት ከፈለጉ በዛው በስተግራ በኩል ባለው ሳጥን ውስጥ ምልክት ያድርጉ። |
| | Karen / ကညီကျိာ် | လံာ်တီလံာ်မီတခါအံၤဟ်ဖျါတၢ်ဂ့ၢ်တၢ်ကျိၤအကါဒိၣ်လၢအဘၣ်ဃးဒီးနတၢ်ဖံးတၢ်မၤန့ၣ်လီၤ. တၢ်နီၣ်တၢ်ဖၢလၢအစ့ၣ်တကပၤလၢတၢ်ကဒိးန့ၢ်တၢ်ဂ့ၢ်တၢ်ကျိၤလၢကျိာ်တခါအံၤအဂီၢ်တက့ၢ်. |
| | Arabic/ العربية | يحتوي هذا المستند على معلومات مهمة حول عملك. ضع علامة في المربع على اليمين للحصول على هذه المعلومات في هذه اللغة. |